

# Tamsaasa Wangeelaa

**Guutummaa Addunyaa keessa deemaa uumama marattis wangeela lallabaa**  
**Mar. 16: 15**



Tajaajila Hog-barruu Wongeelaa  
Global Good News Litreature  
P.O.Box 14160 - Addis Ababa, Ethiopia



**E V A N G E L I S M**

**Baafata**

Tamsaasa wangeelaa .....	2
Wontoota dhugaa bahuuf nu barbaachisan .....	4
Qabxiilee dhugaa bahuuf nu gargaaran.....	9
Yesuusii fi dubartii Samaariyaa tokko.....	12
Phaawuloos Ateenaatti .....	12
Gufuuwwan tamsaasa wangeelaa.....	13
Kutaalee kitaaba Waaqaa kanneen dhugaa bahuuf nu gargaaran.....	14
Amantoota Ortodoksiitiif dhugaa bahuu.....	15
Barattoota Taasisuu.....	20
Fayyinna Maatii.....	22

## **Tamsaasa Wangeelaa (Evangelism)**

### **Hima Ijoo barnoota kanaa**

" Dhuga ba'iinsi dhugaan (namoota) lubbuuwwan Fayyisa" Fak. 14:25

Dhugaa baatuu dhugaa tawuuf dhugaa beekuu barbaachisa;  
dhugaan immoo Yesuus. (Yoh. 14:6)  
Dhugaan dubbii Waaqaati. (Yoh. 17:17)

### **Kaayyoon Barnoota Kanaa**

1. Beekumsa nama dhugaa fi wangeelaaf dhugaa baatuu gahaa ta'uuf nu dandeessisu argachuudhaafi.
2. Jirenni dhugaa ba'iisaa hujii hafuuraa keenna kan guyyuma guyyaa akka ta'uuf. (our daily spiritual life style) 2Xim. 4:6 irratti.  
 " Rakkina baadhu (fudhadhu); lallaba wangeelaa hujii kee godhadhu; tajaajila kee raawwadhu jedha. Ximootewoos akka waamama isaatti barsiisaa wangeelaa (Evangelist) hin turre. Garuu hujii wangeelaa lallabuu hujii kee godhadhu jedhaan. (Living Bible) keessatti, "Bring Others to Christ" jedha. Namoota kaan Kiristositti fidi jedha. Hundumti keenna nama wangeelaatii miti. Hundi keenna garuu dhugeessuuf waamamneerra, 1Pex. 2:9.
3. Dhiiga Waaqni harka keenna irraa barbaadu irraa bilisa bawuuf. (His. 3:17-19; H.Erg. 20: 26)

### **Wangeela jechuun maal jechuu dha?**

Wangeela jechuun misiraachoo yookaan oduu dansaa jechuu dha. Isa. 52:7  
 Phaawuloos (Hu.Erg. 20:24) irratti wangeelaan " Ayyaana Waaqayyoo" jedha. Sababiin isaas wangeelli karaa Ayyaanni Waaqayyoo ittiin muldhatu. Efe. 2:8 irratti " Ayyaanni isaa amantiin fayyiseeraatii" jedha.

### **Ergaan Wangeelaa kun "Oduun Dansaan kun" maalii?**

Ergaan wangeelaa gabaabumatti Yoh 3:15 irratti haala kanaan dubiifama.  
 " Akka namni isatti " Kiristoositti" amanu hundi jireenna bara baraa argatuuf malee akka hin banneef Waaqayyo hanga ilma isaa tokkichallee kennutti akkanumaan addunyaa 'namoota' jaalateeraatii."

Jechoonni kutaalee kitaaba waaqaa kana keessatti ilaallu muraasni jiru; isaais:

1. Amantii
2. Kiristoos ilma Waaqaa tokkicha'
3. jireenna barabaraa
4. badiisa barabaraa
5. Addunyaa (namoota mara)
6. Jaalala Waaqaa, akkanumaan jaalateeraatii fa'a.

Oduun dansaan kunis, Waaqayyo akka isin karaa Kiristoos Yesuusii akka badiinsa barabaraa duraa jireenna barabaraatti dabartaniif daandii jirenya dhugaa isinii qopheesseera, jedha.

Wanni Yesuusis, "ani karaa fi dhugaa, jireennas, karaa kiyyaan malee namni gara abbaa dhufu hin jiru" (Yoh. 14:6) jedheefi kana. Yesuus Yoh. 6:35 irratti "ani buddeena barabaraati," jedha.

Yoh. 7:37 irratti ammoo "namni dheebote kamiyyuu gara kiyya haa dhufuu" jedhe. Ergaan Wangeelaa koottaa buddeena jireennaa nyaadha, bishaan jireennaas dhugaa" jechuu dha. Isa.55:1-2

### **Ergaan Wangeelaa waan lama Agarsiisa:**

1. Rakkinna nama: cubbuu fi du'a barabaraa (Rom. 3:23, Rom. 6:23, Yoh. 3:18)
2. Deebii Waqaqaa: karaa fayyinnaa kan Kiristoos Yesuusiin nuu qopheeffame; (Rom 5:8, Rom 10:9-10)

Walumaa galatti wangeelli dhukkuba lubbuu nama, cubbuufi qoricha Waaqayyoo nu agarsiisa.

### **Tamsaasa wangeelaa (Evangelism) jechuun maal jechuu?**

Warra oduu dansaa hin dhageenye cufaa dhageessisuu jechuu. " Nama oduu dansaa himu..... miilli isaa gaarota irratti akka malee bareeda" (Isa. 52: 7, R. Nah. 1,15)

Labsiin gaara irraatti himamu dirriirtuutti sululattis ni dhagayama. Ergaan wangeelaa kan labsamuu qabu gaara irratti jechuunis karaa muldhatuufi kan ifa ta'eeni. Tamsaasni Wangeelaa ajaaja (itti gaafatamummaa) hunda keennaaf kennname (Mar. 16;15: H.Erg. 8:1,4; His 3:17-19; 2Pex.2:9; H.Erg.1:8)

### **Wangeelaa fi sadan tokkummaa Waaqaa**

Akka wangeelli Waaqa Abbaan Yesuusiifi Ayyaana Wayyuun (Hafuura Qulqulluun) lallabame beenna. Wangeelli jalqabatti Waaqa Abbaan lallabame; kan lallabames Abrahaamitti.

Gal.3:8 " Kitaabnis, Waaqayyo akka namoota ormaa amantiin qajeeltoota godhu duraan dursee argee, namoonni ormaa siin eebbifamu jedhee Abrahaamitti duraan dursee wangeela lallabe. Akka Yesuusilleen wangeela lallabaa ture ni dubbifna; Luq. 4:17-19 tti "Ayyaanni Gooftaa narra jira; inni akka ani hiyyeyyiif wangeela lallabuuf na muudeera; warra hidhamaniif hiikama, akka warra jaamaniif arguu labsuuf, akka warra hacuucaman bilisa baasu; akka ani guyyaa Gooftaa isa jaalatamaa sanas lallabuuf na ergeeraati." Dabalataaf Mat. 4:23; 9:36 ilaala. Akkuma Luq. 4:17-19 irraa dubbifne akka Hafuurri Qulqulluun tamsaasa wangeelaa keessatti ga'ee guddaa qabu ni argina. Dibata isaa malee karaa qalbii nama harkisuun (garaa nama tuquun) wangeela lallabuun hin danda'amu.

Akka ani wangeela lallabuuf Hafuurri Qulqulluun na muudeeraati jedha. "Yeroo Ayyaanni boqotetti humna argattanii Yerusaalemitti, Yihuudaatti, Samaariyaatti, hanga daarii lafaa hundaatti dhugeessitoota kiyyaa ni taatu." H.Erg. 1:8;

Kakuu haaraya Yoh. 16:8 " Hafuurri Qulqulluun waayee cubbuutiif addunyaa ni (ajiifata) komata."

Kakuu Haaraya H.Erg. 2:37 irratti "yommuu isaan waan kana dhagayanitti garaan (qalbiin) isaanii kakka'e (Ayyaana Woyyuun) jedha.

### **Rageessuuf Maaltu nu barbaachisa**

1. Jireenna, (nama jireenna ayyaanaa qabu qofattu rageessuu danda'a) 1Yoh. 1:1-3 irratti akkana jedha: " Waayee dubbii jireennaa isuma jalqabaa kaasee tureefi waan dhageenne, kan agarreefi waan harka keennaan qaqqabanne odeessina. Jireennis muldhateera; nus argineerra; ni rageessinas; Isa abbaa bira ture, isa nuttis muldhate jireenna barabaraa sana isinitti odeessina. Akka isin nu waliin tokkummaa qabaattaniifis waan argineefi waan dhageenne isinitti odeessina."

Jireenni nutti muldhates Yesuus Kiristoosi, Yoh. 14:6;  
 Kakuu Haaraya Yoh. 17:3 irratti, " Waaqa isa dhugaa kana taate, Yesuus Kiristoos isa ati ergites akka beekaniif kun jireenna bara baraati." jedha.

Jireenna qofa otoo hin ta'in jireenna fayyaa qabeessa ta'u qaba.  
 Kakuu Haaraya Mat. 5:16 irratti; " Hujii keessan isa gaarii (jireenna keessan) organii abbaa kessan isa samii irraa jiruuf akka ulfinna keennaan ifni keessan fuula namaa duratti haa ifuu" jedha.

## **2. Jaalala.**

Mat. 22:35-40 irratti, "ajajawwan lamaan kanaan (Waaqa jaalachuufi ollaa ufii akkauma mataa ufiitti jaalachun) seerris, raagonnis muumma'an" jedha. 1Xum 1:5 irratti, " Raawwiin ajajawwanii garuu ... jaalala" jedha.

A. Waaqayyoof, "yoo na jaalattan ajaja kiyya eegaa" jaalalli Kiristoosi nu giddisiisa"  
 2Qor. 5:14

B. Lubbuwwaniif: (Namootaaf) Rom. 9:3 irratti." obboleeyyan kiyya warra karaa fooniitiin firoota kiyya ta'aniif ani Kiristoos irraa gargari bahee abaaramaa akka ta'uuf Waaqa kadhachaa ture" jedha. Akkasumas Kitaaba Fakkeennaa 24:11 irraati, " warra gara du'aatti oofaman baraari; warra qalamuuf itti murtayellee oolchi" jedha.

## **" Ollaa kee akkumma ufii keetiitti jaaladhu"**

Akkuma yakka ufii kiyyaa hin jaalanne, yakki ollaa kiyyas natti dhagayamuu qaba.  
 Jaalalli (midhaani) firi Ayyaanaa ti. Gal. 5:22 Jaalalli matumaa hin kufu. 1Qor. 13:8 garaan (onneen) jaalalla hin banne hin jiru. Jaalalli qoonqa beelladoonnilleen hubatani.

## **3. Kadhannaa**

Kadhannaan malee lubbuu tokkollee gara Gooftaa deebsuu hin dandeenyu. Far. 126:5-6" warri booyaa facaasan gammachuun haammatu. Yeroo dhaqan sanyii isaanii baatanii booyaa bobbaa'ani; yeroo deebi'an garuu midhaan isaanii baadhatanii gammadaa galu."

Akkuma namni kamiyyuu erga haatii isaa ciniinsifattee booddee fooniin dhalatu namni lammata (Hafuuraan dhalachu dhanda'u) erga haatii yookiin abbaan hafuuraan isaaf ciniinsifatee booddeedha. Kanaaf, namoota akka fayyan barbaannii wannu nu duraan dursinee gochuu qabnu waanuma waayee fayyinna isaaniitiif nutti dhagayame kadhachuufii qabna. Yoo rageessuu keenna kadhanna keenna durse akkumaa waan otoo him ciniinsifatin dawuuf yaalluuti.

### **Akkamitti Waaqa kadhanna?**

A. Wanni akka ifni wangeelaa isaaniif hin ifne isaan haguuge akka isaan irraa baduuf.  
 2Qor. 4:4

B. " Oomishni guddaadha; hojjattooni garuu (takkee) muraasa: kanaaf akka abbaan oomishichaa hojjattoota ergu isa kadhadhaa jedheen. Akka Mat. 9: 37 irratti jedhutti akka Gooftaan hojjattoota isaaniif malan ergu kadhachuu qabna.

C. Yeroo Waaqa kadhannu dubbii waadaa Waaqayyoo qabanne kadhachuu qabna.  
H.Erg. 16: 31, 1Yoh. 5:14-15; Far. 2:8 kkf.

#### **4. Beekumsa Fayyinnaa**

Luq 1:77 irratti " akka isaan cubbuu isaanii irraa fayyanifi saba isaatiif beekumsa fayyinnaa ni kenna" jedha.

Isa 53:11 irratti " .... garbichi kiyya qulqullichi beekumsa isaatiin nama hedduu ni fayyisa" jedha. Namoonni akka fayyanifi maal beekuufi amanuu akka qaban hubachiisuuf beekumsa fayyinnaa gahaa qabaachuu qabna. H. Erg. 2:37 irratti "yeroo waan kana dhagayan garaan isaanii ni kakka'e Pheexiroosiifi ergamtoota kaaniinis, "yaa obboleeyyan maal gochuu qabna" jedhan. H.Erg. 16:30 irratti immoo " ani fayyinna argachuuf maal gochuu qaba? jedheen" jedha. " Warra waayee abdii isin keessa jiru sanaa gaafatan cufaaf deebii kennuuf yeroo mara qophaawoo ta'aa; deebiin keessan garuu gad uf qabiisaani (kabajaan) haa ta'u. 1Pex. 3:15.

Gaafii namoonni nu gaafataniif dubbii Waaqaa irraa deebii arganna (Fak. 2:20-21).

#### **Beekumsi Fayyinnaa Kun Maali?**

- A. Akka Waaqayyo tokkoo tokkoo keennaa yaada gaarii qabu beekuu (Erm. 29:11)
- B. Akka namni waan cubbamaa ta'eef yaada gaarii Waaqni isaaf qabu hin beenne (Rom. 3:23).
- C. Yaada gaarii Waaqni nuuf qabu hubachuuf duraan dursinee akka cubbuu keenna irraa deebi'uu qabnu (Isa. 1:18. Isa. 59:1-2).
- D) Yoo namni cubbuu hojjachuu ittuma fufe dhumni (muummeeni) isaa akka du'a bara baraa ta'e (Rom. 6:23).
- E. Akka karaan fayyinnaa kan Waaqni qopheesse Yesuus Kiristoos ta'e (Rom. 5:8; Yoh. 14:6; Yoh. 6:23).

#### **5. Ogummaa**

Fak. 11:30 Namni gara mootummaa Waaqaatti namoota waamu ogeessa."  
Beekumsa fayyinnaa kan nuu kenname ogummaa Waaqaatiin namoota kaanitti dabarsuu qabna.

Beekkumsii yaada tokko: ogummaan ammoo ifa ayyaanaa kan yaada sana akkamitti akka itti fayyadamuu qabnu nutti muldhisu. Namni ogummaa (ayyaanaa) hafuura qabu nama ijji qalbii isaa banamteefi kanaaf kanfakteenna dansaa nuuf ta'u Gooftaa keenna Yesuusi. Yeroo namoonni gara isaa dhufanii waan tokko dubbatan yookiin gaafii isa gaafatan deebiin inni isaaniif kennu waan isaan dubbatan qofaaf otoo hin ta'in waan garaa isaanii keessa jiruuf (Yoh. 3:1-5).

Dubbiin Waaqaa Efes. 1:17-19 irratti "akka isa (Kiristoosin) beekuun hafuura ogummaatii fi muldhataa isinii kennu kadhadhaa" jechuun akka ogummaan ayyaanaa (hafuuraa) nu barbaachisu

nutti hima. H.Erg.6:10 irratti hafuuraa fi ogummaa inni (Isxifaanos) ittiin dhubbachaa ture mormuu (balaaleffachuu) hindandeenne" jedha.

"Ogummaan samii garuu jalqabatti qulqulloftuu, itti aansees araaramtuu, garaa laafeettii, ajajamtuu, tan dhiifama gootuu fi tan midhaan gaariin guutamte; tan shakkii fi ufittummaa hin qabne" Yaq. 3:17.

Yeroo waayee Yesuus Kiristoosi namoota kaanitti himnu gaafii nu gaafatan deebisuuf ogummaan nu barbaachisa.

Yaq. 1:5 irratti "Isin keessaa eennulleen yoo ogummaa hin qabaatin Waaqa otoo nama hin tuffatin arjummaan nama maraaf kennuu sana haa kadhatu; isaafis ni kennaatii" jedha. Ogummaa duhgaa bawuuf nu gargaaru akka argannu Waaqa haa kadhannu.

## **6. (Ayyaana Wooyuu) Hafuura Qulqulluu**

Gargaarsa (Ayyaana Wooyuu) hafuura Qulqulluu malee ergaa wangeelaa namoota kaanitti himuu (dabarsuu) hin dandeennu. H.erg. 1:8

Hafuurri Gooftaa narra jira;" maaliif? " akka ani wangeela warra hiyyeyyiitti lallabuuf na muudeeraatii Lug. 4:17-19.

Yoh. 16:8 irratti, "innis dhufee Waayee cubbuu, waayee qajeellinnaa akkasumas waayee murtii isin ajiifata " jedha. Kan nama ajiifatu (waan gaarii nama qaabachiisu Hafuura Qulqulluudha. Nu namoota gara qalbii jijiirachuu geessuu hin dandeennu.

Yoh. 6:44 irratti " nama Abbaan na erge gara ufii waame malee eennulleen gara kiyya dhufuu hin danda'u" jedha.

### **Waayee Gooftaa namootatti himuu keessatti.**

1. Gaheen keenna jira, innis ergaa wangeelaa dubbachuudha (Hiz. 3:17-18).
2. Gaheen Hafuura Qulqulluu jira; innis dubbii wangeelaa isa nu dubbanne sana gara onnee cubbamtootaa fidee akka isaan cubbuu isaanii irraa deebi'an isaan godha (Yoh. 16:8).
3. Gaheen nama nu ergaa wangeelaa itti himnuu jira; innis dubbii wangeelaa isa nurraa dhagayee fi waan Hafuurri Qulqulluun miira isaatitti fidu dhagayee Hafuura Waaqaatiif ajajamuu yookiin diduudha. (Hiz. 3:19)

Yoo nu namoota harkifnee gara wangeelaatti amanuu geessine namoonni sun gaafa nu hin jirre isaanis dhugaa wangeelaa irraa ni deebi'u. Yoo Hafuurri Qulqulluun isaan waame garuuakkuma namoota/nitiin Samaariyaa wangeela rageessiteefii gara Gooftaa dhufan sanaa "wonne nu amma kan amannuuf bababii dubbii keetiitiif miti; nu mataan keennayyuu dageenneerraatii. Isaanis akka Kiristoos dhugumaan fayyisaa addunyaa ta'e ni beenna, isiin jedhan " jedha. Gayeen wangeelaa dubbachuu dha. Dubbii sun fuudhee gara onnee namaa geessuun namoota kakaasee kan gara Gooftaa isaan deebisu Hafuura Qulqulluudha. H. Erg. 8:26-26 irratti akka Filiphos Hafuura Qulqulluun geegeffamee namicha kolaafame (xu'aashii) kan Itoophiyaatiif dhugaa wangeelaa itti hime dubbata.

## **Eennummaa Keenya Beekuu (Aangoo Keenyatti Fayyadamuu)**

Nu bakka bu'oota Kiristoosiiti; hojjattoota mootummaa samiiti (2Qor. 5:18-20).

Nu luboota (qaallolee) mootichaa ti. (1Phex. 2:9) lubni aangoo ittiin nama Waaqattii araarsu qaba.

Namoonni nu waayee Gooftaa itti himnu yoo rakkoo yookaan dhibee qabaatan fedhii isaanii irratti hundoofnee harka keenna isaan irra keennee Waaqa isaaniif kadhachuu qabna malee sodaachuu hin qabnu. Eennuttu beeka yoo Gooftaan kanatti fayyadamee isaan fayyise. Akkas godhuun keenna akka Yesuus fayyisaa ta'ee fi akka inni waan cufuma danda'u isaanitti himuuf nu gargaara.

### **8. Akka isaan Gooftaa simatan (fudhatan) carraa isaanii kennuu**

Erga xaxoo keenna qurxummiilee gara xaxoo seenaan qabuuf gara haraatti darbanne akkasuma erga namoota haarawatti waayee Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosi himnee yoo garaan isaanii tuqame ta'e akka isaan nu waliin Waaqa kadhatan isaan haa affeerruu. "Yoo Kiristoosin Gooftaa fi fayyisaa jireenna keetii godhattee simachuu feete woliin Waaqa kadhachuu ni dandeenna" jedhii isaan affeeri. Yoo isaan nuu eeyyaman kadhanna cubbuurraa deebi'uutiin isaan haa geeggessinuu.

Jalqaba kana akkuma Hafuurri Qulqulluun nutti muldhisetti Waaqa kadhachuu dandeenna. Garuu kan hin dheerannee fi kan waan hundee ta'e uf-keessaa qabu ta'uu qaba.

Kadhannaan sun gabaabumatti wantoota kanniin uf keessatti ammachuu qaba.

1. Akka Waaqni cubbuu isaanii mara isaaniif dhiisu (haraaramu).
  2. Akka Yesuus Kiristoos cubbuu isaaniitiif jedhee dhiiga isaa dhangalaase
  3. Akka balbala onnee isaanii bananii gara lubbuu (onnee) isaaniitti isa galchan.
- Mul.3:20.

Kadhannaan kun cubbuu keennaaf dhiifama gaafachuu fi amantii uf-keessaa qabaachuu qaba. Erga isaan nu woliin kadhatanii booddee akka Yesuus Kiristoos isaan simatee fi akka cubbuu isaanillee isaaniif dhiise dubbi Waaqaa keessaa haa mirkaneessinuufii (Yoh. 1:12; Isa. 1:18).

### **Kadhanna Cubbuu Irraa Deebi'u**

" Yaa Gooftaa kiyya ani akka cubbamaa ta'e nan beeka. Akka qajeelinna kiyyaan mootummaa Waaqaatti galuu hin dandeenne hubadheera. Cubbuu ani daa'imummaa kiyyaa jalqabee hanga ammaatti hojjadhe hunda naa dhiisi. Akka ati na fayyisuuf jettee dhiiga kee fannoorratti naaf dhangalaafte nan amana. Balbala onnee kiyyaa banee akka ati Gooftaa fi fayyisaa jireenna kiyyaa taatu si affeera. Hardhaa jalqabee jireenna kiyya siif nan kenna. Waan ilma kee na taasifteef si galateeffadha" Aamiin.

Yoo kadhanna kana akka nu woliin kadhatan isaan goonu haala isaan nu woliin kadhachuu danda'anitti gaggaabaabsinee akka kadhatan isaan gargaaruu qabna. Akkuma daa'ima harka isaatiin waa nyaachuu hin dandeenye xiqko xiqqoon nyaachisan sana nulleen akkasuma akka isaan gaggaabaabsanii kadhatan isaan gargaaruu qabna.

Yeroo isaan woliin kadhannu ayyaanaan (hafuuraan) kadhachuu qabna. Kadhanan cubbuu irraa deebi'u akka qajeelchaa haa nu gargaaruu malee yeroo hunda isa qofa qu'annee

(qayyabannee) akka irraa deddeebinuufii miti. Qabxiileen kadhanna dhiifama gaafachuu keessatti barbaachisoo ta'an erga hubannee booddee ayyanaa Waaqaatiin qajeelfamnee jechoota keennatti fayyadamuun Waaqa kadhachuu dandeenna. Yeroo tokko tokko adeemsi kadhanna gara gara ta'uun danda'a.

"Afaan kee baldhifadhu: anis nan guuta" jedhameee barreeffameeraatii, nus yoo amantiin afaan keenna bananne Ayyaanni Waaqaa hujii jiruu namaa jijiiruu keessatti ni hirmaata.

### **Qabxiilee Rageessuuf nu Gargaaran**

#### **1. Waaqni Waaqa jaalalaatii fi Waaqa murtii ti.**

Waaqni ilma namaa duraan dursee jaalala isaa itti muldhisa; akka araara isaa fudhatanis isaan affeera. Yoo isaan jaalalaa fi araara isaa fudhachuu didan garuu filannoonaan qaban murtii Waaqaa fudhachuu dha.

Isa.1:18-19 irratti " koottaatii wol haa waliin mari'annaa; Waaqani yoo cubbuun keessan akka dhiigaa diimatellee akka jirbii fooyamee ni ta'a. Yoo akka malee diimattellee akka cabbii ni addaatti; yoo 'tole' jettan, yoo naaf ajajamtanis eebba lafarraa ni nyaattu; yoo 'lakki' jettan, yoo finciltanis qara goraadeettu isin nyaata; afaan Waaqaa kana dubbateeraatii."

#### **2. Namni cufti waan cubbamaa ta'eef, beenyaan cubbuu ammoo waan du'a bara baraa ta'eef filannoonaan nu qabnu tokko akka Yesuus beenyaan cubbuu keennaa nuu kaffale (baase) amanuu qabna. Karaa kaminuu ta'u beenyaan cubbuu sun kaffalamuu qaba. Gatiin Yesuus kaffale dhiiga isaa sababii cubbuu keennaatiif dhangalaasuuni (Yoh.1:29).**

#### **3. Cubbuun dhukkuba lubbuu ti. Innis dhibee kaansarii kan hafuuraa ti. Kaansariin yoo otoo nafa keessa hin babaldhatin beekame irra gahame namni isaan qabame fayyuu danda'a. Namnis akka cubbuun isaa guddatee isa hin ajjeefneef daddafee dhiifama Waaqa gaafachuu qoricha Waaqarrraa dhufe Kiristoosin fudhachuu qaba. Akkuma nama dhibee isaa dhoffateef qorichi hin argamu jedhame sana kitaaba Fakkeennaa 28:13 irratti Waayee cubbuu akkana jedha.**

"Namni cubbuu isaa dhoffatu hin lalisu; kan dhiifama gaafatuu fi kancubbuu isaa irraa deebi'u garuu araara argata."

#### **4. Waaqni namoota hundaaf filanno bilisa ta'e kenneera. Namni fedhe isa hordofa; kan hin barbaanne ammoo itti dhiisa. Garuu filannoonaan sun filanno jirenya biyya lafaa qofa otoo hin ta'in filannoonaan bara baraaf jiraatu. Addunyaa kanarratti Waaqa hin barbaadu, addunyaa dhufuuf jiruurratti garuu ni baraada jechuu hin dandeennu. Murteen keenna kan ammaa mana keenna kan bara baraa nutti muldhisa.**

Addunyaa kana irratti yoo Waaqa hin barbaannu jennellee barri kun bara araaraa waan ta'eef badhaadhummaa Waaqaa keessa jiraachuu ni dandeenna. Sababni kanaas "Waaqayyo warra hamaa ta'anii fi worra qajeelaniif rooba ni kennaatii" lubbuun teenna yoo jireenna lafaa kana irraa du'aan dabarte garuu barri araaraa nu jalaa dhumee gara bara murtii seenaa jirra jechuu dha. Barri araaraa dabree barri cinqii jalqaba. Yeroo sana kan nu eegatu dhiphinna bara baraati. Yeroo maraaf Waaqarrraa fooyamnee jiraanna; Waaqa irraa fooyamanii jiraachuu jechuun

- A. Waaqni waan ifa ta'eef nu ifa malee dukkana cimaa keessa bara baraaf jiraanna (1Yoh. 1:5-6; Yih. 13).
- B. Waaqni waan jaalala ta'eef jaalala malee addunyaa hamtuunii fi jibbiisi irratti mooye keessa bara baraaf jiraachuu jechuun
- C. Waaqni nagaya keenna waan ta'eef bakka nageenni hin jirretti bara baraaf jiraachuu jechuudha.
- D. Waaqni garaa-laafeessa waan ta'eef araara malee nutti muramee jiraanna jechuu dha (Yoh. 3:18).  
Wolumaa galatti wonna Waaqni ta'een faallaa isaa kan ta'e addunyaa akkasii keessa bara baraaf jiraanna jechuudha.
5. Ati waayee Yesuus Kiristoosi beeta mo'o Yesuusi Kiristoosin jiruu kee keessatti dhuunfaan beetta? Beekkumsi ati Waayee Yesuusi qabdu isa fooniiti mo'o isa Hafuuraati? " Kunoo ani balbala irra dhaabadhee rurrukuta, eennus yoo qoonqa kiyya dhagayee balbala isaas naa bane ani gara isaatti nan seena; isa waliinis irbaata nan nyaadha. Mul. 3:20. Balbala onnee teetii bantee isa seensifteerta mo'o akkanumatti sammuu keettiin isa jajatta?
6. Du'aan duubatti akka murtiin jiru cimsanii himuu (dubbachuu);  
" Namootaaf yeroo tokko du'uun egasii ammoo murtiin isaan eeggata" Ibr.9:27.  
Nama ani waan kanatti hin amanu jedhullee akka amanuu diduuni isaa dhugaa jiru jijiiruu hin dandeenne itti himuu. " Namoonni hin amanin yoo jiraatan amanuu dhabuuni isaanii amanamummaa Waaqaa hambisaa? " Rom. 3:3.  
Kanatti idaanee amanuu diduu nama sanaa amantii keennaan wal bira qabnee isatti muldhisuun dandeenna. Akkuma ati jettu otoo du'a booddee murtiin hin jirree, ibiddi gahaannami hin jiruutii, waan ani amantii kana amaneef wonti hamaan tokkoyyuu narra hin ga'u; garuu dhuguma du'a booddee murtii fi ibiddi gahaannami jiraannaan ati bara maraaf gaddita; ani garuu bara maraa gammachuun jiraadha.
7. Garaa (onnee) namaa keessa bakka duwwaa ta'e kan Waaqa qofaan guutamuttu jira. Bakka duwwaa sana Wontoota adda addaatiin- dhugaatiin, qabeennaan, gammachuu yeroo gabaabaatiin, beekkumsa biyya lafaatiin, qarshiin guutuu yoo yaalleyyyuu yeroon duubatti bakki sun duwwaa ta'uun isaa deebi'ee nutti dhagayama. Waqaan alatti furmaata yeroo maraa akkasumas gammachuu lubbuu keennaargachuu hin dandeennu. Yoo wontoonni kunniin cufti wontoota yeroo gabaabaaf dhibee keenya irraa nu boqochiisan ta'anillee rakkoo keenna hidda isaa woliin buqqisuu hin danda'an.
8. Namoonni tokko tokko akkuma (midhaan) firii bilchaatee guuramuuf qophayaniiti. Gariin ammoo dheedhiidha. Kaan ammoo bilchaachaa jiru. Worra hin bilchaatin guuruuf jarjaruu hin qabnu. Firii hin bilchaanneef wontoota isaa barbaachisan; bishaan, mineraaloota adda addaatiif fi yeroo waan ta'eef nama hin qophoofneef jaalala, arjummaa fi yeroo kennuufii qabna. Namoota akkanaatiif irra guddinna kan barbaachisu lallaba keenna otoo hin ta'in jireenna keenna. Kanaafuu firii ayyaanaa isaan nyaachisuu qabana. (Gal. 5:22). Hujii keessan mishaa sana arganii akka abbaa keessan isa samii ulfeeffatan ifti keessan namoota maraafuu haa ifuu." Mat. 5:16
9. Karaa biraatiin qalpii namootaa akka lafaatti fudhachuu ni dandeenna.

- A. Qalbiin namoota tokko tokko akka lafa qotamee hin beennee gogaadha. lafti akkanaa duraan dursee qotamuu fi diriiruu qaba. Nama garaan isaa akka lafa qotamee hin beennee ta'e jaalalaa fi arjummaa itti muldhisuun qalbii isaanii diriirsuu (laafisuu) qabna. Yoo jaalala Waaqaa fudhachuu didan akka murtiin isaan eegatus isaan akeekkachiisuu qabna. Yerooni kutaa kitaaba Waaqaa kan qalbii gogaa cabsuu danda'utti fayyadamnu jira. Yeroon waayee ibidda jahaannamiilee yeroon isaanitti himuu qabnu jira.
- B. Qalbiin namoota tokko tokkooakkuma lafa qotameeti.  
Namoota qalbiin isaanii akka lafa qotamee qophaaye ta'e yoo argine sanyii dubbii Waaqaa qalbii isaamii irratti facaasuu qabna.
- C. Nama dubbiin Waaqaa qalbii isaa irratti facaafamte murteeffachuu dadhabe yoo ta'e sanyii facaafame sana bisaan obaasuu qabna. Dubbii dhagaye sana sirriitti jajjabeessuu. Kakaasuu dubbii Waaqaa kan biraas itti dabalanii facaasuu .
- D. Nama dubbiin Waaqaa qalbii isaa irratti facaafamtee, guddatee, firii godhatee haamaaf gaye yoo ta'e akka inni gara jiruu isaatti Gooftaa simatu isa affeeruu. Kunis sanyii gaye sana haamuu keenna. Namoota baay'ee sadarkaalee afran kana keessa dabruuf bara hedduu itti fudhata. Namoonni garii yeroo gabaabaa keessatti sadarkaalee kanniin keessa dabran. Akka hujii Ergamtootaa 2 irratti dubbifnutti Pheexiroos erga namoota 3000tti wangeela lallabee duuba akka yeruma sana dubbichii qalbii isaanii keessatti firii godhatee" Goftolee maal haa goonuu? jedhan argina. Ta'us yeroon haa dheeratuu, haa gabaabatullee namni kamiyyuu deebi'ee hafuuraan dhalachuun duratti yeroo rimaa (ulfa) itti godhatu qaba. Yeroo rimaa (ulfaa) fi dhalchuu jidduu jiru kadhannaan eeguu qabna.
10. Yeroo namootaaf rageessinu dhaaba Hafuuraan kan namoota sanaa haa madaalluu. Maaltu beeka namoonni sun ufii isaaniitiin Gooftaa beeku ta'a; afaanumaan ani Kiristaana jedhu ta'a; Gooftaa dhiisanii gara duubaa deebi'aniiru ta'a. Dhaaba isaanii beekuuf gaafilee tokko tokko gaafachuu nu fayyada.

#### Fakkeennaaf:-

- A. Yoo Woldaa Kiristaanaa kan deeman ta'e, woldaa kami akka deeman  
 B. Ilaalcha isaan waayee Yesuus Kiristoosii qabam gaafachuu  
 C. Otoo hardha (amma) du'anii mootummaa Waaqaatti akka galan sirriitti hubachuu isaanii. Yoo hubatanii jiraatan haala ittiin hubatan isaan gaafachuu. Erga deebii isaanii dhageenneen booddee akka yaadni isaanii dubbii Waaqaa waliin deemu yookiin akka hin deemne isaaniif ibsuu; yoo waan qajeelinna isaaniitiin mootummaa Waaqaa seenan isaanitti fakkaate, akka qajeelinni keenna nu hin fayyifne isaan gorsuu.  
 Namni hundi uumamaan cubbamaa akka ta'e beessisuu (Rom. 3:10-18; 23, Isa. 64: 6-7).

Namni hundinuu kan fayyuu danda'u yoo wonta Yesuus isaaf godhe hunda amanee isa simate malee hujii ufiitii fi qajeelinna ufiitiin fayyuu akka hin dandeenne (Rom. 3:20-21). Wonni cubbuun namootaa gara ibidda jahaannamiitti isaan geessuuf Yesuus Kiristoositti amananii isa simachuu dhabuu isaanii akka ta'e ifaan beessisuu.

" Innis Hafuura Qulqulluun dhufee Waayee cubbuu addunyaatti (isaanitti) dheekkama waayee cubbuu waan isaan natti hin amanneefi Yoh. 16: 8-9. kan hin amanetti garuu waan ilma Waaqaa tokkichatti hin amanneef ammuma itti murameera" Yoh. 3:18.

### **Yesuusii fi Dubartii Samaariyaa**

Barumsa dhuga-bayiinsa Yesuus dubartii Samaariyaatiif kenne irraa barannu (Yoh. 4:7:-26, 39-42).

- 1) Yesuus haala dubartittiin keessa turte irraa dubbii isaa jalqabee waan sammuu isii keessa deddeebi'aa ture irraa, waan isii ilaalu irraa jalqabe (common interest). waan dubartiin sun bishaan woraabuuf jettee gara boollaa dhufteef inni "bishaan naa kenni" jedheen (yoh. 4:7). Dafees yaada isii argachuu danda'e. Nus yeroo namootaaf dhugaa baanu, waan sammuu isaanii keessa deddeebi'u irraa haa jalqabnuu. Yookiin waan isaan rakkisu irraa haa jalqabnuu. Dhimma itti wolii gallu barbaanne (common interest) isaanii haa jalqabanu.
- 2) Isaa waan addunyaa kanaa irraa gara waan samiitti ce'u (taakkuu) argina. Isaan dheebru fi dheebru bawuu foonii irraa gara dheeboochuufi dheebru bawuu hafuuraatti dabru argina (Yoh. 4:10-14); Nus yommuu dhugeessinu yoo waan addunyaaatiin jalqabnellee, akka Hafuurri Qulqulluun (ayyaanni woyyuun) gara hafuuraatti jijiiruuf haa eegannuu. Akka hafuurri Waaqaa nu qajeelchutti malee akka ufii barbaannutti hojjachuu hin qabnu.
- 3) Cubbamtuu ta'uu isii hafuura murtiitiin otoo hin ta'in, jaalalaan isiitti agarsiisu argina (Yoh. 4:16-18) Nus namoota dhugaa baanuuf akka isaan cubbamtoota ta'uu isaanii hubatan gochuu qabna. Garuu jaalalaan ta'uu qaba. Nus akka cubbamtoota ayyana isaatiin fayyne akka taane isaanitti himuu qabna (Room 3:23). Eennu kan "ani garaa kiyya qulqulleeffadheera; cubbuus uf irraa dhiqadheera" jedhu. (Fak. 20:9)
- 4) Falli cubbuu isii akka isa ta'e yoo inni ufii isaa isiitti beessiisu argina (Yoh. 4:25-26). Nus cubamtoota ta'uu isaanii (rakkinna isaanii) qofa otoo hin ta'in, akka isaan karaa Kiristoos fala argatan itti himuu qabna. " dhiigni ilma isaa dhiigni Yesuus Kiristoosiitiin cubbuu hunda irraa nu qulqulleessa"
- 5) Akka dhuga-bayiinsi dhugaan Hafuura Qulqulluun kenneme midhaan (firii) naqatu argina (Yoh. 4:39-42). Firiin isaa kan argamu yookaan kan hin argamne ta'uu danda'a. Ashaakiltiin tokko tokko lafaa gaditti firii naqata (kaarotii, dinnichaa). Ashaakiltiin tokko tokko ammoo muka irratti firii naqata.

### **Phaawuloos Ateenaa keessatti**

Dhuga-bayiisa Phaawuloos worra Ateenaatiif kenne mee haa ilaalu (Hu. 17.22-34)

- 1) Haasaya isaa haala namoonni keessa jiran irraa jalqabe. " Yaa worra Ateenaa, akka isin waanuma cufaan Waaqota tolfamoo sodaattan nan beeka" H.Erg. 17:22.

- 2) Yommuu dubbatutti amantii isaanii hin xureessine. Isumayyuu akka waan isaan Waaqa sodaataniitti itti dhiyaate. Isin Waaqa tolfamaa Waaqeffattu hin jennen. " akka isin Waaqa tolfamaa sodaattan ani nan arga" jedheen.
- 3) Waan isaa fi jara jidduutti akka riqicha (dildilaa) ta'e irratti xiyyeeffate. "Ani (fulaa sooriyoo) bakka aarsaa kan katabbi ' Waaqa hin beekamneef' jedhu uf irraa qabu tokko argeera. Egaa Waaqa isin otoo hin beekin Waaqeffattan kana ani isinittin hima" H.Erg. 17:23.
- 4) Waaqa dhugaatiin wal isaan barsiisuu jalqabe (lak. 23-27). Yeroo worra Waaqa hin beenneef yookiin worra Waaqattti hin amaniniif dhugaa baanu, otoo waayee Yesuus Kiristoosi hin dubbatin duraan dursinee jara Waaqaan wal barsiisuu qabna. Otoo isaan Waaqattti hin amaniin, akka isaan Yesuustti amanan gochuu hin dandeennu.
- 5) Warra falaasama adda addaa keessa jiraniif yookaan namoota Waaqa tolfamaa Waaqeffataniif rageessuuuf, amantii isaanii beekuu barbaachisa. Phaawuloos lakkofsa 28 irratit waan hayyoonni isaanii dubbatan keessan waan lallaba isaatiif karaa banu eera. " akkuma hayyoota keessan keessaa tokko tokko 'nus firoota isaati' jedhan sana" H.Erg. 17:28.
- 6) Erga Waaqa woliin wol barsiifnee booddee gara cubbuu irraa deebi'uutti isaan haa waamnu. Yeroo waan kana goonuttis itti uf daballeeti malee, jara cubbamtoota, uffi keenna ammoo qajeeltota gooneetii miti. "Egaa Waaqni bara wollaalumaa dabarsee akka namoonni bakka hundatti cubbuu isaanii irraa deebi'an amma nama ajaja" H.Erg. 17:30. Sababiin inni akka namoonni qalbii jijiirataniif ajajuuf ammoo, "waan addunyati qulqullinnaan muruuf jiruuf" (lak.31). Waayee murtii nama hundumaa eegu sanaas dubbachuu qabna jechuu. Qalbii jijiiraachuun murtii jalaa ba'uuf.
- 7) Eegii gara qalbii jijiirannaatti waamnee booddee waayee Yesuusi itti haa himnuu. Waaqni karaa Yesuus Kiristoosiitiin murtii kenna- (H.Erg. 17:31). Akka Yesuus Kiristoos murtii isaanii fudhate itti haa himnuu.

### **Gufuun Raabsaa Wangeelaa Maal fa'a?**

Jecha biraatiin wantoonni akka hin rageessine nu godhan maali?

- 1) Sodaa (maaltu narra ga'a jedhanii) "Nama sodaachuun kiyoo namatti fida" Fak.29:25 "Waaqni ayyaana humnaa, kan jaalalaa fi ayyaana ittiin uf bulchan nuu kenne malee ayaana sodaa nuu hin kennine." Namni waa hin sodaanne hin jiru. garuu sodaaf mooyatamuu hin qabnu.
  - a) Yoo na fudhachuu didanoo? (Fear of rejection).
  - b) Ulfingga nama biratti qabu ani akka hin dhabne (fear of losing reputation).
  - c) Yoo miidhaan tokko narra gaye hoo? ( fear of physical harm).
  - d) Yoon dogongore hoo? (Fear of being inadequate).
- 2) Qaanii (maal naan jedhu laata?) Rom 1:16, Mat. 10:32-33, Luq. 9:26.
- 3) Cubbuu (cubbuun mooyatamnee, rageessitota dhugaa ta'uu hin

- dandeennu. Dhuga-bayiinsi erga  
cubbuu irraa deebi'aniiti (Far. 51:13).
- 4) Dhibaa'ummaa. Lal. 11:6 " kun  
yookiin sun kam akka biqilu hin  
beettuutii ganamaan sanyii kee  
facaafadhu. Galgalas harka kee hin  
dachaafatin."
  - 5) Haala ittiin dhugaa bayan wallaaluu  
(hirdhinna qaroomaa). " Na faana  
koottaa, anis worra namoota wolitti  
qabdan isin taasisaatii" Mat. 4:19.
  - 6) Yeroo tokko yaallee waan abdii  
kutanneef (dogongora yeroo dabree)  
"Namni qajeelaan yeroo torba kufa (jiga);  
yeroo torba ka'a" Fak. 24:16  
Worri kufan hin ka'anii? hin ka'u moo? kan karaa irraa jallate hin deebi'uu?" Erm.  
8:4.
  - 7) Waan nu yoo namooni kaan badiisa barabaratti galanillee yaaddoo irra hin qabaanneef.  
(dhibaa'ummaa, uf jaalachuu). Hiz 3:17-19; Fak. 24: 10-11

### **Kutaalee Kitaaba Waaqa kanneen dhugaa bahuuf nu gargaaran**

- Kutaalee waayee rakkinnu (cubbuu, du'a bara baraa) dubbatan Rom. 3:23; 6:23; Ibr. 9:27.
  - Kutaalee jaalala Waaqaatii fi yaada gaarii inni namaaf qabu agarsiisan; Yoh. 3:16; Erm. 29:11; Rom.5: 8; Mul. 3:20.
- Kutaalee akka fayyinni Yesuus Kiristoositti amanuu qofaan argamu agarsiisan Yoh. 14:6, 10:9; Rom. 10:9-10; Mat. 11:28; H.Erg. 4:12.

### **Waayee barbaachisummaa cubbuu irraa deebi'uu;**

- H.Erg. 3:20 "... akka cubbuun keessan isinii haqamuuf cubbuu irraa deebi'aa."
- Mat. 3:20 " mootummaan Waaqaa dhiyaateeraatii cubbuu irraa deebi'aa."
- H.Erg. 17:39 "... amma Waaqayyo akka namoonni cufti bakka (fulaa) jiranitti cubbuu irraa deebi'aniif isaan ajaja.

### **Waayee cubbuu irraa qulqullaawuu**

- 1Yoh.1:7 " dhiigni ilma isaa dhigni Yesuus Kiristoosi cubbuu cufa irraa nu qulqulleessa."
- 1Yoh.1:9 " Yoo nu cubbuu keenna himanne inni cubbuu keenna nuu dhiisuuf (haraaramuuuf) balleessaa hunda irraas nu qulqulleessuuf amanamaa fi qajeelaadha."

Isa. 1:18 "Kootta dhugaa baafnaa; jedha Waaqayyo; cubbuun keessan yoo dimmaa dhiilgee taatellee, akkuma cabbii ni addaatti; akka dhiigaa yoo taates akkuma jirbii ni addaatti."

### **Kutaalee fayyinna mirkaneessan**

Yoh. 1:12; 1Yoh. 5: 13; Yoh. 6: 47

## **Amantoota ortodoksiitiif Rageessuu**

Yommuu amantoota Ortodoksiitiif rageessuuf carraa argannutti uf eegannaadhaan dubbachuu qabna. Waan qarooma hin qabne tokko yoo dubbanne nu baqachuu danda'u. Kanaaf mata dureewwan armaan gad jiran sirriitti beekuu barbaachisa.

waayee Maariyaamii  
waayee Maleekkotaa  
waayee Jiddu-deemuu  
waayee taabotaatii fi gabatee

### **1) Waayee Maariyaamii**

Tarii waayeen Maariyamii mata-duree waan cufa caalaatti uf eeggannoon keessummeessuu qabnu.

Duran dursinee ulfinna Maariyaamiif qabnuun haa jalqabnu. Kunis akkuma Luq. 1:48 irratti barreeffamee jirutti; " dhalooni hundi eebbifamtuu naan jedha." Itti aansinees dubbii Luq. 1:47 irra jiru hundeffannee yaada jaraa gara isa Maariyaami "qoricha kiyya" jettee waamte gara Qoricha keenna Yesuus Kiristoosiitti qajeelchuu haa yaallu. Akkasumas isa isiin, " waan inni isiniin jedhu cufa godhaa" jette sanaa dubbachuu ni dandeenna. Maariyaam namoota gara Yesuusiitti qajeelchite malee gara ufiitti hin qajeelchine. Yoo isaan biraahufa malee hanga danda'ametti mormii isiin ijoolee dhibii qabdi moo hin qabdu jedhu keessa galuu haa lagannu. Yoo isaan haajaaakkanaa kaasan garuu, dubbii Waaqaa keessaa ragaa gawu kennuuf haa qophoofnu. Mat. 1:24-25 keessatti, " Yooseefis hirriibaa ka'ee akkuma maleekkaan gooftaa isa ajaje godhe; kaadhimaanisaas fudhate; hanga ishiin ilma ishii isa hangafa deettutti inni ishii hinbeenne" jedha.

Kutaa kana keessatti jechi "inni ishii hin beenne" jedhu jecha Uma. 4:1 irratti, " Addaamis niittii isaa beeka; isiinis ni ulfoofte; qaayeliinis deette" jedhu waliin hiikkaa walfakkaatu qaba.

Itti dabalees dubbiin Waaqaa akka yesuus obboleeyyanifiif obboleettoota qabu dubbata. (Yoh. 7:3,10; Mat. 12:46-47; Mat. 13: 55-56 irratti maqaan obboleeyyan isaa waamameera. "Kun ilma muka sooftuu (boccuu) tii mitii? Haati isaa Maariyaami jedhamtii mitii? obboleeyyan isaa immoo Yaaqoob, Yoosaa, simi'oonii fi Yihuudaa mitii obboleettan isaa kanneen nu bira jiranii mitii?"

Namoonni tokko tokko akka waan yaanni Hiz. 44: 2 irra jiru sun waayee Maariyaamii dubbatuutti hiiku. Kutaan sunisakkana jedha. Waaqayyo, " balballi kun akkuma cufametti hafa malee hin banamu. Namnis ol hin seenu. Waaqayyo Waani Israa'eli ol seeneeraatii akkuma cufametti hafa" jedha. Kutaan kun waayee gadaameessa Maariyaamii dubbata jedha. Garuu akka kutaan kun wayee mana qulqullummaa dubbatu lakkobsa tokko irratti eerameera. " gara balbala mana qulqullummaa kan alaan gara bahaatti garagalee jirutti na fide; innis cufamee ture" jedha. Dubbiin Waaqaa 1Phex. 1:20-21 irratti dubbii hin dandeenye nu akkekkachiisa.

### **2) Waayee Maleekkotaa**

Duraan dursinee dubbii Waaqaa keessatti huijin maleekkotaa maal akka ta'e hubachuu qabna.

" Isin worri dubbii isaa raawwattan jajjaboon, ciccimoonis, maleekkoni qoonqa dubbii isaa dhageettan hundinuus Waaqa eebbisaa." Far. 103: 20.

Akka kutaa kana irraa hubannutti hujin maleekkotaa inni jalqabaa dubbii Waaqayyoo dhagawuu fi raawwachuudha. Far. 90(91) 11-12 fi Ibr. 1:4 keessatti ammoo maleekonni akka hujii dhibii qaban dubbifna.

" Karaa kee cufa irratti akka isaan si eeganiif maleekkota isaa waayee keetiif ni ajajaatii. Isaanis akka miilli kee hin gufanneef harka isaaniitiin ol si fuudhu." Far. 91:11-12 . " Hundi isaanii (maleekkoni hundi) warra akka namoonni fayyinna dhaalaniif akka isaan gargaaraniif ergaman, worra tajaajilanii mitii ree? " Ibr. 1:14.

Wonni nu kutaalee lamaan kanniin irraa hubannu hujin maleekkotaa Waaqa biraajamanii ergamuun namoota Waaqaa gargaaruu fi eeguudha. Waaqayyo isaan ajaja; Waaqayyo isaan erga" jedha malee isin isaan kadhattanii isaan ammoo isiniif kadhatu hin jedhu. Itti dabalees maleekkota waaqeffachuu akka sirrii hin ta'in dubbiin Waaqaa ibsaee dubbata.

" Ani yeroo waan kana dhagayetti, yeroo argetti, miila maleekkaa waan kana natti agarsiisee duratti sagaduuf jedhee gombifame. Innis akka naa hin sagadne uf eegadhu; ani si waliin, obboleeyyan keetii fi raagota waliin garbichaati; Waaqa qofaaf sagadi naan jedhe" Mul. 22:8-9.

" Namni sobee gadi of qabuuf maleekkota Waaqeffachuu jaalatu kamiyyuu badhaasa isin hin dhabsiisin. Namni akkasii waan arge mara odeessa, waan dubbatuufis otoo sababii ga'aa hin qabaatin yaada foon isatiin uf tuula. " Qol 2:18.

### 3 - Waayee jidduu- deemuu

Dubbiin Waaqaa akka nuufi Waaqa abbaa jidduu jiddu- deemaan tokko jechuunis nama kan ta'e Gooftan keenya Yesuus Kiristoos jiru nutti hima.

" Waaqni tokkichi jiraatii; kan Waaqaafi nama jidduu jiru jidduu galeessi tokko jira. Innis isaa nama ta'e Kiristoos Yesuus," 1Xim. 2:5.

Yoh.14 6 keessati," ani karaafi dhugaa, jireennas; namni karaa kiyyaan malee gara Waaqaa dhufu tokkoleen hin jiru' jedhameera. " Balballi ana; kan anaan seenu yoo jiraate inni ni fayya" Yoh. 10:9.

" Yaa ijoollee tiyyaa, ani akka isin cubbuu hin hojjanneef isinii barreessa. Yoo ennulleen cubbuu hojjate nu abbaa biraabuukattoo qabna. Innis Yesuus Kiristoos isaa qajeelaa sana" 1Yoh. 2:1 Qol. 2:18 Eennulleen waaqeffanna maleekkotaa jaalatee wanta hin argine keessa eeyyama malee seenuun, yaada fooniitiin uf tuuluun isinitti murteessuu hin qabu. Namni akkanaa gara isaa mataa ta'e sanaa (gara Yesuusii) hin dhiyaatu."

Namoonni tokko tokko, "Yesuus bara addunyaa irra ture qofa Waaqa namaa kadhate malee erga du'ee ka'ee ammoo Waaqa namaa hin kadhatu" jedhan. Wonni isaan ragaa itti godhanii dhiyeessan Yohaannis 16:26. " Guyyaa kanatti (guyyaa ani itti isin bira deemutti) isin maqaa kiyyaan Waaqa kadhattu; anis bakka isinii bu'ee Abbaa isinii kadhadha isiniin hin jedhu" jedha. Akka hiikkaa waan kanaa guutuu isaa argannuuf boqonnaa kana guutumatti hubachuu qabna. Yesuus boqonnaa kana keessatti akka yerooni inni itti du'uufi yerooni inni itti isaan biraa deemu ga'eefi akka hafuurri Qulqulluun qooda isaa dhufu ergamtootatti himee akka isaanis itti qophaa'aniiif isaan dadammasse. "Ani yeruma cufa fooniin isin waliin hin jiraadhu; yeroo ani itti isin biraa deemuttu jira. Kanaafuu ammumaa jalqabdani maqaa kiyyaan Waaqa kadhachuu barachuu qabdan. Akka inni yeroo hunda ani Abbaa isinii kadhadheetuma isin immoo kadhannaa kiyya qofaan jiraachuu hin dandeettan" jedhee yaada kennuuf boqonnaa kana keessatti dubbifna

malee lakkobsii 26 kuni hiikkaa, Yesuus erga du'een duubatti Waaqa nuu hin kadhatu' jedhu hin qabu. Otooakkana ta'eeyyuu silaa eegumsi kun dubbii Waaqaatiin walmorma ture.

Fakkeenyaaaf, Roomaa 8:34 " kan qulqulleessu Waaqayyoodha; kan namatti muru immoo eennu? kan du'e, kan warra du'anillee keessaa ka'e, kan amma gama mirga harka Waaqaa jiru, kan ammallee waayee keennaaf Waaqa kadhatu Kiristoos Yesuusiidha" jedha. Wonni kutaa kana irratti ifatti dubbatamu, akka Yesuus Kiristoos du'uun dura qofa otoo hin ta'ini, erga du'e, erga ka'ee gama harka Abbaa taa'ellee, ammumallee waayee keennaaf Waaqa kadhatuudha. Akkasuma ammallee kitaaba Ibr.7:25, keessatti dubbii,"inni waayee isaaniitiif yeroo cufa Waaqa kadhachuudhaaf lubbuun jiraata" jedhu dubbifna.

Yaadii Yoh. 16:26 irra jiru sun dubbii akkuma mucaa yeroo mara namni dhibiin hidhannoo isaa hidhuuf kan ammaan achi uf dandayii ufumaan hidhadhu jedhanii garaa jajjabeessan tokkoo Yesuus ittiin barattoota isaa jajjabeesseedha. Lakkobsa 24 irratti, "isin hanga ammaatti waan tokkollee maqaa kiyyaan hin kadhanne; akka gammachuun keessan guutuu ta'uuf amma kadhadhaa, ni argattuutii" jedha.

Gara Yesuusi dhufuuf jidduu deemtuun Waaqa nuu kadhattu dhibiin hin barbaachiftu; inni qajeelumatti natti koottaa! jedhe.

Mat. 11:28 " ....isin warri dadhabooni, kanneen ba'aani isinitti ulfaate gara kiyya koottaa; anis isin boqochiisaatii" jedha.

Yoh. 7:37 keessattis, "namni dheebole tokkolleen yoo jiraate inni gara kiyya dhufee bisaan haa dhuguu" jedha.

### **Maariyaam Waaqa namaan hin kadhattuu?**

Haga lubbuun turtetti akkuma nama Waaqaa qulqullicha kamiittiyyuu Waaqa namaan kadhachuu dandeetti turte. Akka Yoh. 2:1-5 irraatti garuu dubbiini Waaqaa akka ishiini amma Waaqa namaan kadhattu nutti hin himtu. Yoo namni ishiin ammallee Waaqa namaan kadhatti jedhu jiraate, "mee akka ishiin ammallee Waaqa namaan kadhattu dubbii Waaqaa keessaa nu agarsiisi" haa jennuunii.

Kitaaba Lallabaa 9:4-6 keessatti akka warri du'an Waaqa namaan hin kadhanne ibsama. " Waan sareeni jirtu tokko leenca cu'e caaltuuf namni yoo waan lubbuun jiru mara waliin tokkummaan jiraate abdii qaba;..... waan aduun gaditti hojjatamu keessaa hanga barabaraatti qooda hin qaban."

Faar. 87(88) 10, " ati dhugumaan warra du'aniif waan ajaa'ibaa ni hojjattaa? "Isaayyaas 8:19 immoo, " Sabni Waaqaa ufii kadhachuuni hin maluufii? Yookaan warra jiraaniif jedhanii warra du'an kadhatanii?" jedha.

### **4. Waayee (S.k.w.) sanduuqaatiifi dhagaa seerri irratti barreeffamee**

Bara kakuu durii keessa sanduuqni mana jireenna hafuura Waaqaa ture, jidduu gumii Israa'eliitti milikkita maqaa jiraachuu Waaqaa ture. Sanduuqni kakuu Waaqaa sun birbirsa irraa hojjatame; garuu keessaa fi alalleeni worqii dibame. Dheerinno cinaacha isaa dhundhuma lamaafi wadhakkaa ture; baldhinnis dhundhuma tokkoofi wadhakkaa ture; oldheerinno isaa immoo dhundhuma tokkoofi wadhakkaa ture. Seera Ba'iisaa 25:10-22.

Kitaabni Ibr. 9:4 akka sanduuqa kakuu Waaqaa keessa wanni sadii jiru dubbata. "... sanduuqa sana keessa qodaa worqii kan mannaan keessa jiru, ulee Aaroonii tan biqilte sanaafi dhagaa kakuun irratti barreeffamettu ture."

Kakuu haaraya keessatti garuu akka sirni kakuu duraa kunneen cuftinuu jijiiraman dubbifna. Keessattuu Ibroota boqonnaan 8 fi 9 akka gaariitti ibsanii nu hubachiisan.

Akka (gabateen) majiini dhagaa kan kakuu durii keessatti seerri kudhannan irratti barreeffame sun bara kakuu haaraya keessa gara seera hafuura qulqulluudhaan garaa keenya keessatti barreeffamuutti jijiirame dubbifna. Ibr. 8:10,akkana jedha; " ji'oota kanaan duubatti, kakuuni ani mana Israa'elii waliin godhadhu kanaatii, jedha gooftaani; seera kiyya garaa isaanii keessattin barreeffadha; anis Waaqa isaanii ta'a; isaanis saba kiyyas naa ta'an."

2Qor. 3:3 akkana jedha;"Isin hafuura Waaqa jiraataatiin barreeffamtan malee halluun hin barreeffamne. Akki isin ergaa Kiristoosi kan nu tajaajillu taatan, beekamadha; ergaan kunis maddii garaa keessanii irratti barreeffame malee majii dhagaa irratti hin barreeffamne."

Akkuma kakuu moofaa sana keessatti sanduuqni kakuu mana jireenna hafuura Waaqaa ta'e, Kakuu haraaya keessattis tokkoon tokkoon kiristaanaa mana jireenna hafuura Waaqaa ta'e dubbatama. 1Qor. 6:19-20, "yookiin akka nafi (foon) keessan hafuura qulqulluu isin Waaqa irraa argattan kan isin keessa jiraatu sanaa ta'e hin beettanii?" jedha.

Kitaaba Ibrootaa boqonnaani 9, yoo nu dubbifnu, sirna bara kakuu moofaa sana hojjatamaa ture hunda akka waan yeroo dabre keessa hojjatameetti waayee isaa dubbata;"...akkas turte; akkas ture,...tureefi k.k.f." jechuudhaan akka sirni sun waan yeroon isaa dabre ta'e dubbata. "kun immoo yeroo ammaa fakkeennuma ...hanga bara isaan kunneen itti haaromfamaniitti (bara kakuu haarayaatti"hojjatame waan waanuma nyaataa, waanuma dhugaatii, waan dhiqanna foonii kan garaagaraa qofa tureef waan waaqeffatan sun qalbii qulqulluun gochuu hin danda'an. Ibr. 9:9-10. akkasuma Qol. 2:16-23 dubbisaa.

## **5. Kutaawan kitaabaa kanneen yoo warra ortodoksiitii dhugeessinuttu hubachu qabnu.**

Mat 10:40-42 akkana jedha; "namni isin simatu na simata; namni na simatu immoo isa na erge sana simata. Namni raaga tokko maqaa raagummaatiin simatu gatii raaga argata; namni nama qajeelaa tokko maqaa qajeelummaatiin simatulleen gatii nama qajeelaa argata. Nama warra didiqqaa kana keessaa isa tokko bisaani qabbanaa'oo qofallee obaasu kamiyyuu, ani dhuguma isinitti hima gatiini isaa hin baddu."

Wonn Yesuus asi irratti dubbatu kun waayee ergamtoota lubbuun jiraniiti malee waayee qulqulloota du'anii dabraniitii miti.

Ergaani dubbiini tun nutti himtu akka yoo namoonni Waaqaa gara keenya dhufanii nu isaani simannu, Waaqni karaa isaaniitiin eebba (gatii) nuu kennu. Namni waan kanaaf fakkenya dansaa nuu ta'u Qorneeliwoosi hujii Ergamtootaa10 irra jiruudha. Akka Waaqni sababii inni akka nama Waaqaatti Pheexiroosin ulfeessee simateef jedhee isaafi warra mana isaallee eebbise argina.

Kitaaba Moototaa 2ffaa 13:20-21 irratti akka reefii Elsaan nama du'e tokko kaase argina. Isaan kutaa kana fudhatanii qulqulloonni eeguma du'anillee Waaqa nama kadhatan; humnaafi jabeenna qaban jechuun itti fayyadaman. Asitti Waaqayyottu reefa Elsaatti fayyadamee du'a keessaa nama kaase malee akka namni tokkoyyuu Elsaan Waaqa naa kadhadhu jedheenii akkasiin inni Waaqa kadhateef hin arginu. Akka Gooftaa Yesuus dhoqree dibee jaamaa

fayyisellee indubbifanna. Waaqayyo ulfinna ufii muldhisuuf waanuma fedhetti fayyadamuu danda'a.

Kitaabni Zak. 1:12-13 akkana jedha; "Maleekkaani Waaqaa deebi'ee,"yaa Gooftaa loltootaa yerooni ati itti magaalota Yerusaalemii fi Yihuudaa kaanneen waggaa torbaatama adabde kana hin naaneef/hin maarre haga yoomiiti?" jedhe. Waaqayyolleen deebisee maleekkaa na waliin dubbachaa ture sanaaf dubbii dansaa nama jabeessu itti dubbate." Isaan kutaa kanallee, maleekkaanis Waaqa namaa kadhata jedhanii itti fayyadamu. Asittis akka maleekkaan tokko waayee Yerusaalemiifi waayee Yihuudaa gaafii Waaqa gaafate argina malee akka raajichi Zakkaariyas maleekkaa sanaan Waaqa naa kadhadhu jedhee maleekkaa kadhate hin arginu. Waan barreffame malee waan hin barreffamin dubbisuu hin dandeennu.

**6 kutaawan kitaaba qulqulluu kanneen nu yeroo warra ortodoksiitii dhuga-bawuuf qoomnii arganitti irratti xiyyeffachuu mallu.**

**A -Seenaa Qorneeliwoosi (Hu.Erg. boqonnaa 10)**

Qorneeliwoos nama Waaqa Waaqeffatuufi nama Waaqa sodaatu, nama Waaqa kadhatu kan sadaqaallee kenu ture; garuu hanga yeroo sanaatti hin fayyine ture.

Inni "Pheexiroos waamsisee waan ati gochuu qabdu inninuu sitti hima" (Hu.Erg. 10:5-6) jedhe.

Pheexiroos yeroo waan Hu.Erg. 11:14 irratti ta'e sana obboleeyyan ufiitti hime akkana jedhe;" innis akka maleekkaa fuula isaa dura ejjate argeefi akka maleekkaan sunis Simi'ooni isa Pheexiroos jedhamu sanatti nama ergii waamsisi; inni waan siifi warri mana keetii ittiin fayyitan sitti hima jedhee nutti hime."

Kutaa kana keessatti akka namni tokko waan kadhateef, waan agabeef, yookaan waan sadaqa baaseef otoo hin ta'in Kiristoos Yesusittti amanuu qofaan fayyifamu hubanna. Keessumattuu yoo warra qajeelummaa ufii abdatu agarre dubbii kutaa kanaa haa qoonnuufii.

**B. Seenaa Niqoodimoosii (Yoh.3:1-10)**

Niqoodimoos nama fariisii yookiin nama seera Muusee akka dansaa beeku ture; inni nama ufi bira dabree warra kaaniyyuu barsiisu ture. Lakkobsa 10 irratti Yesuus, "ati barsiisaa Israa'elii waan kana immoo hin beettuu?" Niqoodimoosiin jedhe. Garuu Yesuus akka inni otoo barsiisaa amantii ta'el ee lammata dhalachuu qabu itti hima.

Karaa gabaabaan, lammata dhalachuu, haraaraan Kiristoosittti deebinee, naasuu isaa argannee yoo Yesuus Kiristoosittti amanne Hafuurri keenya kan sababii dabaafi cubbuu keennaatiif du'ee ture sun jiraataa ta'a jechuudha. (Efes. 2:1)

**Barataa Yesuusi Gochuu**

Barataa jechuuni nama barsiisaa tokko faana deemu, kan barsiisaa sana irraa baratu yookiin kan barsiisaa fakkaatu jechuu dha. Mat.28:18 irratti kanaafuu deemaa warra Waaqa hin beenne hunda maqaa abbaatiin, maqaa Ilmaatiifi maqaa Hafuura Qulqullutiin cuuphaa, waan ani isin barsiise maras akka isaani eeganiif isaani barsiisaatii barattoota godhaa; kunoo ani hanga dhuma baraatti isin waliin jiraatii" jedha.

Otoo nama dhibii barataa hin godhin nu mataan keennayyuu duraan barattoota ta'uu qabna. Luqaas 14:27 " namni fannoo ufii baadhatee na hin hordofne kamiyyuu barataa kiyya ta'uu hin danda'u" jedha.

Barataa Yesusii nama godhuu jechuun karaa gabaabaan, akka warrii kaanilleen bakka nu dhaqqabne dhaqqabaniif isaan gargaaruu yookaan harka itti diriirfachuu jechuu. Kun immoo waan ufii keennaa arganne tokko warra kaaniifillee dabarsuudha.

### **Warra dhugeessineef Barattoota Yesusii Gochuu**

1. Guyyuma hunda Waaqa haa kadhannuufi. (keessumattuu jidduu gaafa isaan gooftaa argatanii sanafaa waan lolli diinaa akka malee isaanitti jabaatuuf otoo gargarii hin kutin Waaqa kadhachuufii qana.)
2. Dubbii Waaqaatiin wal isaan haa barsiifnu. Akka isaan ufumaan dubbii Waaqaa dubbifataniif qajeelfama tokko tokko haa kenniuufi (qajeelfamni kun kan nu mataan keenna itti gargaaramnu ta'uu qaba.)
3. Yeroo carraa-argannu cufa waan ufii dubbii Waaqaa keessaa baranne isaanii qooduu qabna. Aanan dubbii Waaqaa isaan haa obaafnuu.
4. Waayee barumsa jalqabaa (yayyabaa) tokko tokko dubbii Waaqaa keessaa isaan haa barsiifnu. Fakkeennaaf, waayee fayyinnaa, waayee cubbuu irraa deebi'uu (akka yeroo mara cubbuu irraa deebi'uu qabnu) waayee kadhannaa, waayee dubbii Waaqaa, waayee sheexanaa (akka inni diina nu himatu ta'e) k.k.f.
5. Akka isaani otoo nu qofa waliin hin ta'in kiristaana biraas waliin tokkummaa cimsatan gochuu- Hu.Erg.2:42.
6. Yoo wanni jireenna isaanii keessatti isaan rakkisu jiraate gaafannee gargaarsa malu kennuufi. Amantoonni haarayii gaafiifi rakkoo qabaachuu danda'an. Kanaafuu akka rakkoo isaanii beennuuf itti dhiyaannee isaan dhagawuu barbaachisa.
7. Akka isaani nاما dhubaa ba'aniifi akka isaanis karaa isaaniitiin waayee warra dhibii yaadda'an isaani haa goonuu. Kaayooni keenna barattoota Yesusii isaani goonee hanga isaanis warra kaan barattoota gochuu danda'anitti guddifnee isaan dhaqqabsiisuudha.

### **Fakkeenna Barattoota Gochuu**

1. Akka Yesus hordoftoota ufii keessumattuu jara kudhanii lamaan sana barattoota godhate ni agarra. Akka warri kudhanii lamaan sunilleen yeroo isaaniitti warra dhibii barattoota godhatanis ni agarra. Fakkeennaaf, waara kudhanii lamaan keessaa tokko, jechuunis Yohaannis kitaaba 3Yoh. 3 irratti "obboleeyyan dhufanii akka ati karaa dhugaa deemtu waayee dhugaa keetii dhugeessinaan ani akka malee gammade. Wanni akka ijoolleen kiyya dhugaan jiraatan dhagawuu caalaa na gammachiisu hin jirrtu" jedha.
2. Phaawuloos eegii Ximootewoosin barataa godhatee booddee akka Ximootewoosilleen yeroo ufiitti warra dhibii barattoota godhattu isa barsiisa. 2Ximootewoos 2:2, " barumsa narraa dhageette kan namoonni baayeen rageessaniif sana warra namoota kaan barsiisuudha danda'anitti imaanaa kenni" jedha.

### **Barataa nama gochuun hujii jalqabaa otoo hin ta'in hujii babaldhatee itti fufu.**

Akkuma Waaqni," heddadhaa dagaagaa" jedhee Addaamiifi Hewaani ajaje sana, hujin barataa nama godhuu kunis karaa amantoonni ittiin hafuuraan baayyataniidha.

Otoo Waaqayyo waggoota kuma ja'aan dabran keessan guyyaa guyyaatti nama tokko tokko umee silaa haga ammaatti =  $6000 \times 365 = 2,190,000$  (biliyonii 2) qofaattu addunyaa irra jiraata. Wanni Waaqani murteesse garuu akka guyyaa guyyaan namni tokko tokko dhalatu otoo hin ta'in akka erga inni nama lama umee isaan horanii baayatan. Yeroo ammaa kana heddeenni nama addunyaa irra jiruu gara (6,000,000,000) biliyonii ja'aatti ol guddateera.

Warra nu barattoota gochuuf hordofnu keessaa tokko tokko nu dadhabsiisu yookiin nu rakkisu danda'an. Yoo isaan fedhii ufiiti faana deemuu baatan wanni nu isaan harkisuun yeroo balleessiuuf hinjirtu. Qooda isaanii warra dheebuu qabuufi warra fedhii qabu irratti yeroo balleessuu qabna. Yeroon nu isaan keessaa warra tokko gooftaatti imaanee kenninee dhiisu qabnulleen jira.

Yesuus otoo hordoftoota hedduu qabaatellee. Yeroo baayyee warruma kudhanii lamaani irratti balleesse. Akka inni warra kudhanii lamaanillee keessaa keessumatti nama sadiitti (Pheexiroosi, Yaacoobiifi Yohaannisitti) dhiyaate agarra. Yesuus nama wal caalchisuuf otoo akkasi hin hojjatin, waan haguma namni isatti dhiyaatu innilleen namatti dhiyaatuufi.

### **Dubbiin Waqaqa waayee fayyifama maatii maal jedha?**

H.Erg. 16:31 irratti, " amani siifi maatiin keetilleen ni fayyifamtuu" jedha. Ibr. 11:7 irrattis, " Nohi waayee waan haga yeroo sanaatti hin argaminii hubatee Waaqa sodaachaa maatii ufii oolfachuuf jedhee doonii (hoboloo) ijaare" jedha.

Kadhannaan nulleen amantiin maatii keennaa Waaqa kadhannu doonii badiisaa duraa isaan baastu (oolchitu) taati.

Kitaabni Iyyasuu 2:18, " abbaa keetii, haadha teetii, obboleeyyan teellee, maatii (warra) abbaa keetii hunda gara kee mana keettiti walitti qabadhu" jedha.

Iyyasuu 67:23, "dooyattooni sun dhufanii Ra'abi, abbaa fi haadha isiitii, obboleeyyan isiiillee, nama isii cufa, firoota isii kanneen itti dhiyaatan mara gadi baasan. (isaan oolchan jechuu) ."

Isa. 49:25, " ani ijoollee tee sii oolcha" jedha. Warri ijoollee hin amanne qaban dubbii tana irratti jabaatanii amantiin ijoollee ufiiti Waaqa kadhachuu malu.

Faar. 2:8 irrattiWaaqayyo," na kadhadhu, ani saba lafaa, daarii biyya lafaa cufa dhaala sii kenna" jedha. Erga saba lafaa kan nu fuula hin beenneyyuu dhaala nuu kennuu kakatee akkamiin maatii keennaafi firaan nutti dhiyaatu kanneen nu kadhannuuf dhagayee deebii nuu hin kennine?

Asitti kadhannaan teenna qoftinuu isaan oolchitii, kanaafuu isaa amanuu hin qaban jechuu otoo hin ta'in, yoo nu amantiin Waaqa kadhanneef kadhaan teenna akka isaan karaa isaanii hamaa sun dhiisanii, akka 'eeyee" isaan jechuun filannoo wayyu ta'e beekaniif isaan deebifti jechuu dha.

Dubbii kakuu Waqaqa tan asitti barreeffamte tana irratti hundoofnee maatii keennaafi firoota nutti dhiyaatan maraaf amantiin Waaqa kadhachuu dhiisu hin mallu. Haala isaan amma keessa jiran qofa ilaallee abdii kutachuu hin mallu.

2Qor. 5:7, " nu amantiin deemna malee ilaan/ijaan arguu qofaan hin deemnu" jedha.

Waaqayyo dhiiga isaanii harka keenya irraa eegata ( barbaada).  
Onneen (garaan) Waaqni jijiiruu dadhabu tokkolleen hin jiru.